'BARA HOJII 2021/22'

BHGOf, BARA MILKAAYINAA
Qabeenyi Waliigalaa Biiliyoona 114 Ol Gahee Jira

BHGO jijjiirama bu'uuraa qorannoo irratti hundaaye waggaa 5 dura taasifameen, tarsiimoo guddinaa waliigalaa hojiirra oolcheen, mul'ata lafa kaa'ate dhugoomsuuf, gama hundaan cimee hojjachuun daandii guddinaa abdachiisaa irratti argama. Ulaagaalee madaallii milkaa'ina hojii baankiin, raawwii hojii faaynaansii akkasumas gahee gabaa baankii keessatti qabuun akkuma bara darbee baranas firii olaanaa galmeessee jira.

Hundeeffama irraa kaasee tajaajila baankiin diinagdee hawaasaa utubuun guddina hawaasa-diinagdee dhugoomsuuf kan akeeke Baankiin Hojii Gamtaa Oromiyaa, hawaasa tajaajila baankii lagamee fi kan tajaajila baankii gahaa hin arganne qaqqabuun, aadaa qusannaa guddisuun olkaawwannaa xixiqqaa hawaasa bal'aa irraa argamu irratti bu'ureeffachuun humna maallaqaa guddaa fi amansiisaa uumuu akka danda'u kan amanee fi uumuus kan danda'ee dha.
Yeroo ammaa kanatti ulaagaalee madaallii hedduun, baankiin keenya gabaa baankii keessatti sadarkaa fi maqaa gaarii horachuu danda'ee jira. Waggoota lamaan darbanitti kan hojii irra oole Tarsiimoon Guddinaa (growth strategy) waggaa shaniin qajeelfamuun, barri bajataa 2021/22 bara firii qabeessa adda-biraa ta'ee jira.

Baay'inni maamiltoota baankii keenyaa miiliyoona 9 yoo qaqqabu, olkaawwannaa Qarshii biiliyoona 96.77 geessisuu danda'ee jira. Gama sharafa alaatiin, Doolaarii Ameerikaa miliyoona 437.95 argachuu danda'ee jira. Baay'inni dameelee isaa 593 yoo gahan, toorawwan hojii adda addaaf liqiin kennamee alaa jiru Qar. biiliyoona 84.26 gahee jira. Haaluma kanaan, qabeenyi waliigalaa keenyaa Qar. biiliyoona 114.36 qaqqabee jira. Kaappitaalli waliigalaa baankichaa Qar. biiliyoona 12.28, akkasumas kaappitaalli aksiyoonaa kaffalame Qar. biiliyoona 7.73 qaqqabuun firiin baankichaa bu'uura cimaa irra dhaabbachuu dandaheera. Bara gabaasaa kanatti bu'aan waliigalaa gatii moofa'iinsa meeshaalee, of-eeggannoo fi gibira dura (gross profit before depreciation and provision) Qar. biiliyoona 3.95 galmaa'uu dandaheera.

Baankichi gama faaynaansii qofa otoo hin taane, toorawwan kanneen biraatiinis jabaatee hojjachuun teknoloojii fi humna namaa gahoomsuun, tajaajila isaa bal'inaan waliin ga'uuf gama tajaajila baankii waldaalee hojii gamtaatiin tajaajila kennamuun cinaatti gorsa ogummaa fi leenjii babal'aa kennuu itti fufeera. Qonnaan bulaan tajaajila karaa waldaalee kennamu irratti dabalataan dhuunfaan fayyadamaa kan taasisu Herreega Qusannaa Qonnaan Bulaan akka qusatan jajjabeessuun akkasumas dhuunfaatti liqeeffatanii oomisha isaanii fooyyessaniif liqaan adda addaa kennameera. Maatii irratti bu'uura kan godhatee fi akeeka tajaajila waliin ga'uu kan dhugoomsan Herreega Qusannoo Dubartootaa Siinqee, Gaammee Herreega Ijoollee fi Herreega Qusannoo Dargaggoo bal'inaan kenneera. Dameelee Tajaajila Baankii Dhala Irraa Bilisaa qofa kennan banuun, akkasumas tajaajilawwan baankii dijitaalaa karaa mobaayilaa fi intarneetii kennaman babal'isuun milkaa'ina isaa mirkaneessee jira.

Horaa Bulaa!

2021/22 የሥራ ዘመን

የኦ.ኅ.ሥ.ባ የስኬት ዓመት!
አጠቃላይ ሀብቱ ከ114 ቢሊዮን በላይ ደርሷል።

ከ5 ዓመት በፊት ባካሄደው፣ በጥልቅ ጥናት ላይ የተመሰረተ ለውጥ ሥራ ላይ ባዋለው ሁሉን አቀፍ የዕድገት ስትራቴጂ ራዕዩን እውን ለማድረግ በሁሉም መስክ ጠንክሮ በመስራት በተያያዘው የእድገት ጎዳና በባንክ የሥራ አፈፃፀም ስኬት መለኪያዎች፣ በፋይናንስ አፈፃፀም፣ እንዲሁም በባንክ ገበያ ውስጥ ባለው ድርሻ እንደ አምናው ሁሉ ዘንድሮም የላቀ ውጤት አስመዝግቧል::

ከስር መሰረቱ፣ በባንክ አገልግሎት የማህበረሰብን ምጣኔ ሀብት በመደገፍ የማህበራዊ ምጣኔ ሀብት እድገትን ዕውን ማድረግን ያለመው የኦ.ኅ.ሥ.ባ፣ የባንክ አገልግሎት የተነፈገውና በቂ የባንክ አገልግሎት ያላገኘውን ህብረተሰብ በመድረስ የቁጠባ ባህሉን በማሳደግ ከሰፊው ማህበረሰብ የሚገኝን አነስተኛ መጠን ያለው ተቀማጭ ላይ መሰረት በማድረግ ትልቅና አስተማማኝ የገንዘብ አቅም መፍጠር እንደሚቻል ያመነና ለመፍጠርም የቻለ ባንክ ነው:: ባንካችን የእድገት ስትራቴጂ (growth strategy) በመመራት የ2021/22 በጀት ዓመትም ሌላኛው ፍሬያማ ዓመት ሆኗል::

ባንኩ 9 ሚሊዮን የቁጠባ ሂሳብ ያላቸው ደንበኞች ያፈራ ሲሆን፣ 96.77 ቢሊዮን ብር ተቀማጭ ሲሰበስብ፣ በውጭ ምንዛሪ ረገድም 437.95 ሚሊዮን የአሜሪካን ዶላር ሊያገኝ ችሏል:: የቅርንጫፍ ተደራሽነቱን 593 ቅርንጫፎች ያደረሰ ሲሆን፤ ለተለያዩ የሥራ ዘርፎች በባንኩ የተሰጠ ብድር ብር 84.26 ቢሊዮን ሲሆን አጠቃላይ ሀብቱ ብር 114.36 ቢሊዮን ደርሷል:: የባንኩ አጠቃላይ ካፒታል ብር 12.28 ቢሊዮን ሲደርስ፤ የተከፈለ የአክሲዮን ካፒታሉ ብር 7.73 ቢሊዮን በመድረስ ባንኩ የተሻለ መሰረት ላይ ስለመሆኑ ማሳያ መሆን ችሏል። ባንካችን በዚህ በጀት ዓምት በጥቅሉ ከንብረት እርጅና፤ መጠባበቂያ በፊት (gross profit before depreciation and provision) ብር 3.95 ቢሊዮን ትርፍ አስመዝግቧል::

ባንኩ በፋይናንስ ነክ ብቻ ሳይሆን በሌሎች መስኮችም ጠንክሮ በመስራት በቴክኖሎጂና የሰው ሀብትን በማብቃት፣ አገልግሎቱን በስፋት ለማዳረስ በኅብረት ሥራ የባንክ አገልግሎት ዘርፍ ከሚሰጠው አገልግሎት ጎን ለጎን ሙያዊ ምክርና ስልጠና በመስጠት፣ አርሶ አደሩ በማህበራቱ በኩል ከሚያገኘው አገልግሎት በተጨማሪ በነፍስ ወከፍ ተጠቃሚ በሚያደርግ የአርሶ አደር የቁጠባ ሂሳብ እንዲቆጥብ በማበረታታት እንዲሁም ለተለያዩ ምርትና ምርታማነትን ለመጨመር የሚያግዙ ብድሮችን ለአርሶ አደሩ በስፋት አቅርቧል። ቤተሰብ ላይ መሰረት ያደረገውን የፋይናንስ አካታችነት መርህ ዕውን ለማድረግ ያለሙትን ሲንቄ የሴቶች፣ ጋሜ የልጆችና የወጣቶች የቁጠባ ሂሳቦችን በስፋት በማዳረስ፤ የከወለድ ነፃ የባንክ አገልግሎት አድማሱን በማስፋት በርካታ የከወለድ ነፃ የባንክ አገልግሎት ብቻ የሚሰጡ ቅርንጫፎችን በመክፈት፣ እንዲሁም በርካታ የሞባይልና ኢንተርኔት ዲጂታል የባንክ አገልግሎቶችን በማስፋፋት ረገድም ስኬታማነቱን አረጋግጧል::

እናመሰግናለን!